

Waggaa 27^{ffaa} Lak.14/2011
 ጳጳሽ ዓመት ቁጥር 10/፪ሺ፩
 27th year No.14/2019



Finfinnee, Guraandhala 20 Bara 2011
 ፊንፊንኤ፣ የካቲት ፳ ቀን ፪ሺ፩ ዓ.ም
 Finfine, February 27, 2019

MAGALATA OROMIYAA

L μ E p % Z M e !

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo Qarshii 22.50 የአረጋጅ " ሽ ብር 22.50 Unit Price Birr 22.50	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe ፲%Z M i ብሔራዊ ር E G F " ፲ L ረ · R r በጨፌ ኦሮሚያ ሰ m f } r ፻ ' »	Lak. S. Poostaa 21383-1000 ፪ ዶ. Q. e ¼ Y 21383-1000 P.O.Box 21383-1000
QABIYYEE Labsii Lakk. 218/2011 Labsii Waldaalee Hojii Gamtaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 218/2011 Fuula 1	ማውጪ አዋጅ ቁጥር ፪፻፲፰/፪ሺ፩ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የኅብረት ሥራ ማህበራትን ለመመሥረት የወጣ አዋጅ ቁጥር ፪፻፲፰/፪ሺ፩ ገጽ	CONTENT Proclamation No. 218/2019 Proclamation to Establish Oromia Regional State Cooperative Societies No 218/2019 Page 1
Labsii Waldaalee Hojii Gamtaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 218/2011	የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የኅብረት ሥራ ማህበራትን ለመመሥረት የወጣ አዋጅ ቁጥር ፪፻፲፰/፪ሺ፩	Proclamation to Establish Oromia Regional State Cooperative Societies No. 218/2019
Waldaan hojii gamtaa namoota fedhii wal-fakkaatu qaban gidduutti gamtaa fedhii irratti hundaa'e uumuun maal-laqa, beekumsa, qabeenyaaf humna isaanii walitti qindessuun rakkoo haw-waas-dinagdee fi fedhii isaaniibiroo hiikkachuuf waan dandeessisuuf;	የኅብረት ሥራ ማህበር ተመሳሳይ ፍላጎት ባላቸው ሰዎች መካከል በፈቃደኝነት ላይ የተመሠረተ ኅብረት በመፍጠር ገንዘባቸውን፣ ዕውቀታቸውን፣ ንብረታቸውንና ጉልበታቸውን በማቀናጀት ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ችግሮቻቸውን ለመፍታትና ሌሎች ፍላጎቶቻቸውን ለማሟላት ስለሚያስችላቸው፤	WHEREAS, Cooperative societies helps to create voluntary cooperation among persons having common interests to solve their socio economic problems by coordinating their finance, knowledge, resource and labor force so as to meet their interests;
Miseensonni Waldaa Hojii Gamtaa callaa guddistuu fi oomisha industriin barbaadugatii wal madaalaa ta'een akka dhiyaatuuf akkasumas Oomiisha isaanii gatii haqa qabeessa ta'een biyya keessa fi biyya alaatti gurgurachuuf Waldaan Hojii Gamtaa waan isaan dandeessisuuf;	የኅብረት ሥራ ማህበር አባላት የሚፈልጉትን የምርት ማሳደጊያና የኢንዱስትሪ ምርት ተመጣጣኝ በሆነ ዋጋ እንዲቀርብላቸው፤ እንዲሁም ምርቶቻቸውን ፍትሃዊ በሆነ ዋጋ በሀገር ውስጥና በውጭ ሀገር ለመሸጥ የኅብረት ሥራ ማህበር ስለሚያስችላቸው፤	WHEREAS, Cooperative societies enable the members of such societies to be supplied with production enhancers and products demanded by industries with equitable prices and to sell their products with fair prices at local and foreign markets;

Aadaa qusannoo babal'isuun, mir-gaabbummaaf fayyadamummaa mi-seensotaa mirkaneessuun; miseensotni hoogananiifi to'atan qindeessuufi ja-beessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Waldaaleen hojii gamtaa naannoo keenya keessatti hundaa'an, kaayyoo hundaa'aniif milkeessuuf seera ittiin hoogganaman baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyyaa Fooyya'ee bahe Labsii Lakk.46/1994 keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera

Kutaa Tokko Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Waldaalee Hojii Gamtaa Mootummaa Naannoo Oromiyyaa Lak. 218/2011" jedhamme waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Labsii kana keessatti:-

- 1) "Waldaa Hojii Gamtaa" jechuun namootni rakkoowwan dinagdee fi hawwaasummaa isaanii waliin ta'uun hiikkachuuf kaayyoo wal fakkaataa qaban fedhiidhaan kan hundeessan, abbummaa waliiniitiin kan bulchan, bu'uura qajeeltoo waldaalee hojii gamtaatiin kan hooganamaniif karaa diimokiraata'aa ta'een kan to'atan waldaa hojii gamtaa of danda'ee qaama seerummaa qabuu dha.
- 2) "Waldaa Hojii Gamtaa Bu'uuraa" jechuun namoota dhuunfaa fedhiifi kaayyoo waliinii qabaniin bu'uura lakkoofsa ka'umsa miseensotaa gadi aanaa labsii kanaan murtaa'eetiin oomishuuf, tajajila kennuuf yookiin lamaanuu hojjechuuf waldaa hojii gamtaa sadarkaa 1ffaahundaa'uu dha.

የቁጠባ ባህልን በማስፋፋት፤ የአባላትን ባለቤትነትና ተጠቃሚነት መብት የሚያረጋግጡ አባላት የሚመሯቸውና የሚቆጣጠሯቸው የኅብረት ሥራ ማህበራትን ማቀናጀትና ማጠናከር አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በክልላችን ውስጥ የተመሰረቱ የኅብረት ሥራ ማህበራት የተመሰረቱበትን ዓላማ ለማሳካት እንዲችሉ የሚመሩበትን ሕግ ማውጣት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ሕገ-መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀፅ ፵፱(፫)(ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጧል፡፡

ክፍል አንድ ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ “የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የኅብረት ሥራ ማህበራት አዋጅ ቁጥር ፪፻፲፰/፪ሺ፲፩” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያስጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

- ፩) “የኅብረት ሥራ ማህበር” ማለት የኢኮኖሚና ማህበራዊ ችግሮቻቸውን በጋራ ለመፍታት የጋራ ዓላማ ያላቸው ሰዎች በፍላጎታቸው የሚመሠርቱት፤ በጋራ ባለቤትነት የሚያስተዳድሩት፤ በኅብረት ሥራ ማህበር መርህ መሠረት የሚመሩና ዲሞክራሲያዊ በሆነ መንገድ የሚቆጣጠሯቸው እራሳቸውን የቻሉና የህግ ሰውነት ያላቸው የኅብረት ሥራ ማህበር ማለት ነው፡፡
- ፪) “መሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበር” ማለት ተመሳሳይ የጋራ ፍላጎትና ዓላማ ባላቸው ግለሰቦች በዚህ አዋጅ በተወሰነው ዝቅተኛው የአባላት መነሻ ቁጥር መሠረት ለማምረት፤ አገልግሎት ለመስጠት ወይም ሁለቱንም ለመስራት የሚመሰረት የመጀመሪያ ደረጃ ኅብረት ሥራ ማህበር ነው፡፡

WHEREAS, it has become necessary to organize and motivate cooperative societies that encourage ownership rights and benefits of members and governed and controlled by the members;

WHEREAS, it is found necessary to enact law whereby the cooperative societies established in our region be governed with a view to achieve their objectives;

NOW, THEREFORE, in accordance with the amended Oromia Regional State Constitution Proclamation No.46/2002 Article 49 (3) (a), it is hereby proclaimed as follows:

Part One General Provisions

1. Short Title

This Proclamation may be cited as “Oromia Regional State Cooperative Societies Proclamation No. 218/2019”.

2. Definitions

Unless the context requires otherwise, in this proclamation:

- 1) “Cooperative Societies” means an autonomous society having legal personality established and democratically controlled and administered with common ownership by persons united voluntarily to solve their common economic and social problems and governed in accordance with the principles of cooperative societies.
- 2) “Primary Cooperative Societies” means first level cooperative societies established by individuals having similar interests and objectives with a minimum number of members prescribed in this proclamation to produce, provide service or to engage in both activities.

- | | | |
|--|--|---|
| <p>3) "Yuuniyeenii Waldaalee Hojii Gamtaa" jechuun waldaalee hojii gamtaa bu'uura kaayyoo fi fedhii wal fakkaataa qaban lamaa fi isaa ol ta'an hojii oomishuu, tajaajila kennuu yookiin lamaanuu hojjechuu raawwachuuf waldaa hojigamtaa sadarkaa 2ffaa hundeesan jechuu dha.</p> <p>4) "Federeeshenii Waldaalee Hojii Gamtaa" jechuun yuuniyenii waldaalee hojii gamtaa kaayyoo fi fedhii walfakkaataa qaban lamaa fi isaa ol ta'aniin hojii omishuu, tajaajila kennuu yookiin lamaanuu hojjechuuf waldaa hojii gamtaa sadarkaa 3ffaa naannootti hundaa'uu dha.</p> <p>5) "Wabii Uwwisa LiqiiLub-buu" jechuun miseensi waldaa hojii gamtaa waldicha irraa liqii fudhatee gar-tokkeen yookiin guutummaatti kaffalee osoo hin kaffalin yoo du'e liqii hin kaffalamin hafe kaffaluuf wabii seenamuu dha.</p> <p>6) "Naannoo Hojii Waldaa Hojii Gamtaa" jechuun naannoo hojii dambii ittiin bulmaataa waldichaa keessatti murtaa'ee fi Ejensiin galmaa'ee dha.</p> <p>7) "Miseensa" jechuun ulaagaa miseensummaa dambii ittiin bulmaataa waldichaa keessatti ibsaman guutuun nama dhuunfaa yookiin waldaa hojii gamtaa bu'uura yookiin yuuniyeenii yookiin federeeshenii waldaa hojii gamtaa miseensummaaf gaaffii dhiyeessee eyyamameefii fudhataama argate jechuu dha.</p> <p>8) "Yaa'ii Waliigalaa" jechuun yaa'ii miseensonni dhuunfaa waldaa hojii gamtaa bu'uura yookiin bakka bu'oota isaanii yookiin waldaa hojii gamtaa bu'uuraatii ol yoo ta'e bakka bu'oota waldaa hojii gamtaa bu'uura, yuuniyeenoota yookiin federeeshenoota waldaalee hojii gamtaa keessatti argamanii dha.</p> | <p>፫) “የኅብረት ሥራ ማህበራት ዩኒየን” ማለት ተመሳሳይ ፍላጎትና ዓላማ ያላቸው ሁለት እና ከዚያ በላይ የሆኑ መሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበራት የማምረት፣ አገልግሎት መስጠት ወይም ሁለቱንም ሥራ ለመስራት የሚመሰርቱት ሁለተኛ ደረጃ የኅብረት ሥራ ማህበር ማለት ነው።</p> <p>፬) “የኅብረት ሥራ ማህበራት ፌዴሬሽን” ማለት ተመሳሳይ ፍላጎት እና ዓላማ ባላቸው ሁለትና ከዚያ በላይ በሆኑ ዩኒየን የማምረት፣ አገልግሎት የመስጠት ወይም ሁለቱንም ሥራ ለመሥራት በክልል ደረጃ የሚመሰረት ሶስተኛ ደረጃ የኅብረት ሥራ ማህበር ነው።</p> <p>፭) “የብድር የሕይወት መድን ሽፋን” ማለት የኅብረት ሥራ ማህበር አባል ከማህበሩ ብድር ወስዶ በክፍል ወይም ሙሉ በሙሉ ከፍሎ ሳይጨርስ ከሞተ ሳይከፈል የቀረውን ብድር ለመክፈል የሚሰጥ የመድን ዋስትና ነው።</p> <p>፮) “የኅብረት ሥራ ማህበር የሥራ አካባቢ” ማለት በማህበሩ መተዳደሪያ ደንብ ውስጥ የተወሰነ እና በኢጀንሲው የተመዘገበ የሥራ አካባቢ ነው።</p> <p>፯) “አባል” ማለት በኅብረት ሥራ ማህበሩ መተዳደሪያ ደንብ ውስጥ በተገለፀው የአባልነት መስፈርትን በማሟላት የአባልነት ጥያቄ አቅርቦና ተፈቅዶለት ተቀባይነት ያገኘ ግለሰብ ወይም መሠረታዊ ኅብረት ሥራ ማህበር ወይም ዩኒየን ወይም ኅብረት ሥራ ማህበር ፌዴሬሽን ማለት ነው።</p> <p>፰) “ጠቅላላ ጉባዔ” ማለት የአንድ መሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበር አባል ግለሰብ ወይም ተወካዮቻቸው ወይም ከመሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበር በላይ ከሆነ የመሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበራት፣ የየኅብረት ሥራ ማህበራት ዩኒዩኖች ወይም የኅብረት ሥራ ማህበራት ፌዴሬሽኖች ተወካዮች የሚገኙበት ጉባኤ ነው።</p> | <p>3) “Cooperative Societies Union” means a secondary level cooperative society established by two or more cooperative societies having similar objectives and interests to engage in the activity of production, provision of service or to engage in both activities.</p> <p>4) “Cooperative Societies Federation” means a tertiary level cooperative society established by union of two or more cooperative unions having similar objectives and interests which is established at Regional level to produce, provide service or to engage in both activities.</p> <p>5) “Guarantee of Loan-life-Insurance Coverage” means an insurance given by a cooperative association to its members to cover loan taken by a deceased member before partial or full repayment of his debt.</p> <p>6) “Working Area of Cooperative Societies” means the working area determined in the administrative regulation of the cooperative societies and registered by the Agency.</p> <p>7) “Member” means an individual or a primary cooperative societies or cooperative societies union or federation applied and accepted for membership upon fulfilling the membership requirements specified in the administrative regulation of the societies.</p> <p>8) “General Meeting” means meeting consisting of individual members of primary cooperative societies or their representatives or where it is above primary cooperative societies, representatives of primary cooperative societies or unions or federations of cooperative societies.</p> |
|--|--|---|

- | | | |
|--|--|--|
| <p>9) "Dambii Ittin Bulmaataa" jechuun tarreeffamoota akkaataa labsii kana keewwata 14 ibsaman guutee kan qabate Ejensiin kan galmaa'ee fi kan yeroo yeroon fooyya'us dabalatee seera waldichi ittiin bulu kan yaa'ii waliigalaa waldichaa harka 2/3'n mirkanaa'ee dha.</p> <p>10) "Murtii Addaa" jechuun miseensoota waldichaa irratti dirqisiisummaa akka qabaatuuf murtii miseensota waldichaa harka 2/3'n darbuu dha.</p> <p>11) "Koree Hojii Raawwachiiftuu" jechuun yaa'ii walii galaatiin filatamee hojii waldichaa akka geggeesuuf qaama itti gaafatamummaan kennameef jechuu dha.</p> <p>12) "Hoji Gaggeessaa" jechuun itti waamamni isaa koree hoji raawwachiiftuu waldichaaf ta'ee akkaataa daangaa angoo fi Itti Gaafatamummaa kennameefiin itti gaafatamaa hojii guyyaa guyyaa waldichaa bu'uura waliigaltee seenen kan sochoosu jechuu dha.</p> <p>13) "Hojjataa" jechuun bu'uura waliigaltee waldichaa wajjin seeneen hojii guyyaa guyyaa waldichaa akka hojjetuuf walitti dhufeenya hojii qaxarrii irratti hundaa'e qabuu dha.</p> <p>14) "Herrega of Eeggannoo" jechuun waldaan hojii gamtaa bu'aa isaa kan waggaa irraa bu'uura labsii kanaa fi dambii ittiin bulmaata waldichaatiin of eeggannoodhaaf kan kaa'uuf akka bu'aatti miseensotaaf kan hin qodamnee dha.</p> <p>15) "Kaappitaala" jechuun qabeenya waliigalaa waldichi qabu irraa idaan hir'atee hanga qabeenyaa hafuu yoo ta'u, gurgurtaaoodaa(Share) miseensotaa, herrega of eeggannoo, kennaa, dhaalaa fi fandiiwwaniif investmentoota dambii ittiin bulmaata waldichaan murtaa'an ni dabalata.</p> <p>16) "Ejensii" jechuun Ejensii Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaa ta'ee Caasaalee isaa sadarkaan jirran ni dabalata.</p> | <p>ሀ) "መተዳደሪያ ደንብ" ማለት በዚህ አዋጅ አንቀፅ ፲፬ የተመለከቱትን ዝርዝሮች አሟልቶ የያዘ፣ በኢጀንሲው የተመዘገበ እና በየጊዜው የሚሻሻለውን ጨምሮ በጎብከት ሥራ ማህበሩ ጠቅላላ ጉባኤ በሁለት ሦስተኛ ድምጽ የፀደቀ ማህበሩ የሚተዳደርበት ህግ ነው።</p> <p>ለ) "ልዩ ውሳኔ" ማለት በማኅበሩ አባላት ላይ አስገዳጅነት እንዲኖረው በማህበሩ አባላት ሁለት ሦስተኛ ድምጽ የሚተላለፍ ውሳኔ ነው።</p> <p>ሐ) "ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ" ማለት በጠቅላላ ጉባኤ ተመርጦ የማህበሩን ሥራ እንዲፈጽም ኃላፊነት የተሠጠው አካል ማለት ነው።</p> <p>ከ) "ሥራ አስኪያጅ" ማለት ተጠሪነቱ ለማህበሩ ስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ሆኖ በተሰጠው ሥልጣንና ኃላፊነት መሠረት የጎብከት ሥራ የማህበሩን የዕለት ክፍለት ሥራ በገባው ውል መሰረት የሚያንቀሳቅስ ሃላፊ ማለት ነው።</p> <p>ተ) "ሠራተኛ" ማለት ከማኅበሩ ጋር በገባው ውል መሠረት የማህበሩን የዕለት ተዕለት ሥራ እንዲሰራ በቅጥር ላይ የተመሠረተ የሥራ ግንኙነት ያለው ሰው ነው።</p> <p>ሰ) "የመጠባበቂያ ሒሳብ" ማለት የጎብከት ሥራ ማህበር ከዓመታዊ ትርፍ በዚህ አዋጅና በማህበሩ መተዳደሪያ ደንብ መሠረት ለመጠባበቂያነት የሚያስቀምጠውና ለአባላት በትርፍ ድርሻነት የማይከፋፈል ሒሳብ ነው።</p> <p>ሰ) "ኅፋሪ" ማለት ማህበሩ ካለው ጠቅላላ ሀብት ላይ ዕዳው ተቀንሶ የሚቀረው የሀብት መጠን ሆኖ የአባላትን የዕጣ (፼ር) ሽያጭ፣ የመጠባበቂያ ሒሳብ፣ ስጦታ፣ ውርስ እና በመተዳደሪያ ደንቡ የሚወሰኑ ፈንዶች እና ኢንቨስትመንቶችን ይጨምራል።</p> <p>ሰ) "ኢጀንሲ" ማለት የኦሮሚያ የጎብከት ሥራ ማህበር መስፋፊያ ሆኖ፣ በየደረጃው ያሉ መዋቅሮችን ይጨምራል።</p> | <p>9) "Administrative Regulation" means the law governing the co-operative societies that fulfills the lists specified under article of this proclamation registered by Agency and includes its amendments which is approved by 2/3 vote of the General meeting.</p> <p>10) "Extra ordinary Resolution" means a resolution passed by 2/3 vote of the members of the cooperative association which is binding on all members of the societies.</p> <p>11) "Management Committee" means a body selected and empowered by the general meeting with the responsibility to manage the activities of cooperative societies.</p> <p>12) "Manager" means an officer accountable to the management committee and runs the day-to-day activities of the cooperative societies within the limit of the powers and responsibilities entrusted to him.</p> <p>13) "Worker" means a person who has an employment contract relationship with the cooperative societies to perform the day-to-day activities of the societies in accordance with the agreement concluded in the contract of employment.</p> <p>14) "Reserve Fund" means part of profit reserved by cooperative societies from its annual profit in accordance with this proclamation and administrative regulation of the association and not distributed as dividend to the members.</p> <p>15) "Capital" means the asset remained after deducting debts of the cooperative association; and it includes share of the members, reserve fund, donation, inheritance and investment funds determined by the administrative regulation of the cooperative associations.</p> <p>16) "Agency" means Oromia Co-operative Societies Promotion Agency and includes its hierarchical structures.</p> |
|--|--|--|

- 17) "Kaffaltii Qoodaa" jechuun gatii kan qabu, Yaa'ii waliigalaa waldi-chaatiin kan labsamee fi gatii wal-qixa ta'e kan qabuu fi miseensum-maaf akka haal-dureetti maallaqa callaan yookiin akaakuun gurgur-taaf kan qopha'ee dha.
- 18) "Fandii Waldaalee Hojii Gamtaa" jechuun waldaan hojii gamtaa kam iyyuu bu'aa qulqulluu kan waggaa irraa bu'aalee waliinii adda addaa barumsaaf yookiin leenjiif yookiin tajaajila odiitiif yookiin jajjabeessituuf yookiin qo'annoofi qorannoof yookiin tajaajila seeraaf yookiin piromooshiniif kominikeesheniif tajaajila hawwaasummaaf, yaa'ii waliigalaan yeroo murteessu galii argamu akasumas, waldaaleen hojii gamtaa kennaa yookiin dhaala irraa yookiin pirojektiilee adda addaa hojjechuun gargaarsaa fi kanneen galii argamsiisan adda addaa irraa galiwwan argamanii fi waldaaleen hojii gamtaa maallaqaa fi qabeenya waliinii yeroo cufaman illee addaan qoodachuu hin dandeenyee dha.
- 19) "Nama" jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuu dha.

3. Ibsa Koorniyaa

Labsii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun waldaalee hojii gamtaa naannoo Oromiyaa keessatti gurmaa'aniif Manneen Hojii fi Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannichaa Jaarmiyaalee Hawaasaa Naannichaan alatti gurmaa'an hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

፲፯) “የድርሻ ክፍያ” ማለት በማህበሩ ጠቅላላ ጉባዔ የታወጀ ዋጋ ያለውና ለአባልነት እንደ ቅድመ ሁኔታ በጥሬ ገንዘብ ወይም በዓይነት የተሸጠ ወይም የሚሸጥ ነው።

፲፰) “የኅብረት ሥራ ማህበራት ፈንድ” ማለት ማንኛውም የኅብረት ሥራ ማህበር ለተለያዩ የጋራ ጥቅሞች ለትምህርት ወይም ለሥልጠና ወይም ለኦዲት አገልግሎት ወይም ለማበረታቻ ወይም ለጥናትና ምርምር ወይም ለሕግ አገልግሎት ወይም ለፕሮሞሽን እና ለኮሙኒኬሽንና ለማህበራዊ አገልግሎት የሚያውላቸውን ከኅብረት ሥራ ማህበራት ዓመታዊ የተጣራ ትርፍ በጠቅላላ ጉባዔ ሲወሰን የሚገኝ ገቢ እንዲሁም የኅብረት ሥራ ማህበራት ከስጦታ ወይም ከወርስ ወይም የተለያዩ ፕሮጀክቶችን በመሥራት ከዕርዳታ እና ከተለያዩ ገቢ ማስገኛዎች የተገኙ ገቢዎችንና የኅብረት ሥራ ማህበራት የጋራ ገንዘብና ሀብት ሆኖ ማህበሩ በሚፈርስበት ጊዜ እንኳ የማይከፋፈሉት ማለት ነው።

፲፱) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው።

፫. የፆታ አገላለፅ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ቃል ሴትንም ይጨምራል።

፬. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ በኦሮሚያ ክልል ውስጥ በተደራጁ የኅብረት ሥራ ማህበራት፣ በክልሉ የመንግስት መስሪያ ቤቶች እና የልማት ድርጅቶች እንዲሁም ከክልሉ ውጭ በተቋቋሙ ህዝባዊ አደረጃጀቶች ሁሉ ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

17) “Payment of Shares” means of the value declared by the General Meeting of the Cooperative Societies having equal value which is prepared for sell in the form of cash or kind as a precondition for membership.

18) “Cooperative Societies’ Fund” means the income or fund of any cooperative societies obtained from annual net benefit for various joint benefits as for education or training or audit service or incentive or study and research or legal service or for promotion, communication for social services by the decision of General meeting as well as income from gift or succession or from performing different projects or from assistances and incomes from different income generating activities and the common money and asset of cooperative associations which cannot be divided or shared to them even by the time of liquidation of such cooperative societies.

19) “Person” means natural or juridical person.

3. Gender Reference

In this proclamation, any term expressed in masculine gender shall include the feminine gender.

4. Scope of Application

This proclamation shall apply to all cooperative societies established in Oromia region, government institutions and public enterprises of the regional state, civic organizations established outside of the region.

5. Kaayyoo Waldaa Hojii Gamtaa

Waldaan Hojii Gamtaa bu'uura labsii kanaatiin hundaa'u kamiyyuu kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:-

- 1) Rakkoo miseensonni dhunfaadhaan hojjetanii hiikkachuu hin dandeenye gamtaan hiikkachuuf;
- 2) Miseensonni beekumsa qaban, qabeenyaa fi humna isaanii walitti qindeessuudhaan bu'aa fooyya'aa argachuuf;
- 3) Ofitti amanamummaa miseensaa gabbisuu fi miseensonni humna misoomaa cimaa akka ta'an gochuuf;
- 4) Rakkoolee hawaasummaa fi dinagdee walii tumsuun ittisuu, dandamachuu fi dhabamsiisuuf;
- 5) Baasii oomishaa fi tajaajila argachuuf barbaachisu xiqqeessuun miseensonni callaa guddistuu fi tajaajila barbaadan gatii madaalawaan akka argatan gochuu; oomishni yookiin tajaajilli isaanii gatii gabaa fooyya'aa akka argatu gochuu;
- 6) Tajaajilli qusannoo fi liqii akka gabbatuu fi babal'atu gochuuf;
- 7) Miseensotni waldichaa osoo dhuunfaan hojjatanii jiraatanii miidhaafi kisaaraa isaan irra ga'uu danda'u gamtaan qooddachuudhaan miidhaaf kisaaraa nama tokko tokkoon isaa irra ga'u hir'isuuf;
- 8) Ogummaa teeknikaa fi kalaqa hojii irra oolchuuf toftaalee barbaachisan akka babal'atan gochuu;
- 9) Miseensotaaf carraa liqii uumuun investmentii babal'isuuf;
- 10) Miseensotaaf wabii uwwisa liqii du'aa kennuuf;
- 11) Miseensoota barsiisuuf leenjisuun humna hawwaas-dinagdeeisaanii cimsuuf;

፩. የኅብረት ሥራ ማህበር ዓላማ

በዚህ አዋጅ መሠረት የሚደራጅ ማንኛውም የኅብረት ሥራ ማህበር የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖሩታል፡-

- ፩) አባላት በተናጥል በመሥራት ሊፈቷቸው የማይችሏቸውን ችግሮች በኅብረት ለመፍታት፤
- ፪) አባላት ያላቸውን ዕውቀት፣ ሀብትና ጉልበት በማቀናጀት የተሻለ ውጤት ለማግኘት፤
- ፫) የአባላትን በራስ መተማመን ማዳበር እና አባላቱ ጠንካራ የልማት ኃይል እንዲሆኑ ለማድረግ፤
- ፬) የኢኮኖሚና ማህበራዊ ችግሮችን በመተባበር ለመከላከል፣ ለመቋቋም እና ለማስወገድ፤
- ፭) ምርት እና አገልግሎትን ለማግኘት የሚያስፈልገውን ወጪ በመቀነስ አባላት ማዳበሪያ እና የሚፈልጉትን አገልግሎት በተመጣጣኝ ዋጋ እንዲያገኙ ምርታቸው ወይም አገልግሎታቸው የተሻለ የገበያ ዋጋ እንዲያገኝ ለማድረግ፤
- ፮) የቁጠባና ብድር አገልግሎት እንዲዳብርና እንዲስፋፋ ለማድረግ፤
- ፯) የማህበሩ አባላት በግላቸው በሠሩ ለደርስባቸው የሚችሉትን ጉዳት እና ኪሳራ በጋራ በመካፈል በእያንዳንዱ ሰው ላይ የሚደርሰውን ጉዳት እና ኪሳራ ለመቀነስ፤
- ፰) የቴክኒክ መብቅና የሥራ ፈጠራን ተግባር ላይ ለማዋል የሚያስፈልጉ ዘዴዎች እንዲስፋፋ ለማድረግ፤
- ፱) ለአባላት የብድር እድል በመፍጠር ኢንቨስትመንትን ለማስፋፋት፤
- ፲) ለአባላት የመድሀን ብድር ሽፋን ዋስትና ለመስጠት፤
- ፲፩) አባላትን በማስተማርና በማሠልጠን ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ አቅማቸውን ለማጎልበት፡፡

5. Objectives of the Cooperative Societies

Any cooperative society established in accordance with this proclamation shall have the following objectives:

- 1) To jointly solve the problems which the members unable to tackle by working individually;
- 2) To achieve better result by coordinating the knowledge, resource and labor of the members;
- 3) To promote self-esteem of members and enabling them be strong development forces;
- 4) To Prevent, reduce and avoid the socio economic problems by being cooperative to each other;
- 5) To enable members gain agricultural inputs and supply of other services required in the process of production at reasonable prices through reducing the cost needed to get such production so that members could get better market prices for their products;
- 6) To enhance and expand saving and credit services delivered by the cooperatives;
- 7) To minimize the harm and lose that may be caused on each member of the association if they work individually by sharing it among members;
- 8) Cause the expansion of mechanisms necessary to implement professional technical skills and creativities;
- 9) To expand investment by creating credit opportunity for members;
- 10) To provide life loan insurance service to members;
- 11) To strengthen the socio economic capacities of members through educating and training them.

6. Qajeeltowwan Bu'uura Waldaalee Hojii Gamtaa

Waldaan Hojii Gamtaa bu'uura Labsii kanaatiin hundaa'u kamiyyuu qajeeltoowwan bu'uura armaan gadii hordofuu qaba

- 1) Miseensummaan fedhii irratti kan hundaa'ee fi sababa kamiin iyyuu garaagarummaa osoo hin godhamin nama hundaaf banaa ta'uu.
- 2) Miseensoonni waldaa isaanii karaa dimookiratawaa ta'een to'achuu.
- 3) Bu'aa irraa of eeggannoo fi taajaajiloota biroof hir'ifamee eerga kaa'amee booddee miseensoonni hanga qoodaa (shere)waldicha irraa bitanii fi bu'uura hirmaannaa taasisaniitiin bu'aa hafe qoqqoochuu; miseensoonni hirmaannaa dinagdeekeessatti taasisu.
- 4) Waldaaleen Hojii Gamtaa jaarminyoota ofiin of-bulchanii fi of-danda'anii socho'uu;
- 5) Waldaaleen hojii gamtaa miseensotaa, filatamtoota, hoji gaggeessitootaa fi hojjattoota waldichaatiif barumsa, leenjii fi odeeffannoo ni keennu; waa'ee maalummaaf faayidaa waldaa hojii gamtaa uummatichaaf keessummaa dargaggoof ni beeksisu.
- 6) Waldaalee hojii gamtaa giddutti walta'iinsi akka jiraatugochuu;
- 7) Waldaaleen hojii gamtaa, hojiilee hawwaasaaf misooma itti fufiinsa qabu fiduu danda'u irratti hojjechuu.

7. Sona Waldaalee Hojii Gamtaa fi Miseensotaa

- 1) Sonaaleen waldaalee hojii gamtaa kanneen armaan gadii ta'u.
 - (a) Ofiin of-gargaaru;
 - (b) itti gaafatamummaa dhunfaa ba'uu;
 - (c) Aadaa diimokiraasii dagaagsuu;
 - (d) Walqixxummaa;
 - (e) Haqummaa;
 - (f) Obbolummaa.

፮. የኅብረት ሥራ ማህበራት መሠረታዊ መርሆዎች

በዚህ አዋጅ ላይ በመመስረት የሚቋቋም ማንኛውም የኅብረት ሥራ ማህበር ከዚህ በታች የተዘረዘሩት መርሆዎችን መከተል አለበት፡-

- ፩) አባልነት በፍላጎት ላይ የተመሠረተና በማንኛውም ምክንያት ልዩነት ሳይደረግ ለሁሉም ሰው ክፍት መሆኑ፤
- ፪) አባላቱ ማህበራቸውን ዲሞክራሲያዊ በሆነ መንገድ መቆጣጠር፤
- ፫) ከተገኘው ትርፍ ላይ ለመጠባበቂያና ለሌሎች አገልግሎቶች ተቀንሶ ከተቀመጠ በኋላ አባላት ከማህበሩ በገዙት ድርሻ መጠን እና ባደረጉት ተሳትፎ መሠረት ቀሪው ትርፍ ለአባላቱ የሚከፋፈል መሆኑ፤ አባላት በኢኮኖሚው ውስጥ ተሳትፎ ማድረግ፤
- ፬) የኅብረት ሥራ ማህበራት በራሳቸው የሚተዳደሩ ተቋማት እና ራሳቸውን ችለው ይንቀሳቀሳሉ፤
- ፭) የኅብረት ሥራ ማህበራት ለአባላት፣ ለተመራጮች፣ ለሥራ አስኪያጆች እና ለማህበሩ ሠራተኞች ትምህርት፣ ሥልጠና እና መረጃ ይሰጣሉ፤ ስለ ኅብረት ሥራ ማኅበራት ምንነት እና ጥቅም ለህዝቡ በተለይም ለወጣቱ ያሳውቃሉ፤
- ፮) በኅብረት ሥራ ማህበራት መካከል ስምምነት ወይም ትብብር እንዲኖር ማድረግ፤
- ፯) የኅብረት ሥራ ማህበራት ለህብረተሰቡ ዘላቂ ልማት ሊያመጡ የሚችሉ የልማት ሥራዎች ላይ መስራት፡፡

፮. የኅብረት ሥራ ማህበራትና የአባላት እሴቶች

- ፩) የኅብረት ሥራ ማህበራት እሴቶች የሚከተሉት ይሆናሉ፡-
 - (ሀ) ራሱን መርዳት፤
 - (ለ) የግል ኃላፊነትን መወጣት፤
 - (ሐ) የዲሞክራሲ ባህልን ማዳበር፤
 - (መ) እኩልነት፤
 - (ሠ) ፍትሃዊነት፤
 - (ረ) ወንድማማችነት፡፡

6. Basic Principles of Cooperative Societies

Any cooperative society to be organized in accordance with this proclamation shall observe the following basic principles:

- 1) Membership depends on one's free will and open to all without discrimination on any ground;
- 2) Members control their cooperative association democratically;
- 3) Members share dividends from the profit as per their shares and economic participation after deducting and setting aside an amount necessary for reserve and other services;
- 4) Cooperative societies are self-governing organizations and operate autonomously;
- 5) Cooperative societies provide education, training and information for their members, elects, managers and workers; create awareness about the meaning and advantage of cooperative societies to the public specially to the youth;
- 6) To ensure cooperation among cooperative societies;
- 7) To enable the cooperative societies work on activities that brings about sustainable development for the society.

7. Values of the Cooperative Societies and Members

- 1) The values of cooperative societies shall be the following:
 - (a) Self-help;
 - (b) Discharging responsibility;
 - (c) Promoting democratic culture;
 - (d) Equality;
 - (e) Fairness;
 - (f) Fraternity.

- 2) Sonaaleen naamusaa miseensota waldaalee hojii gamtaa kanneen armaan gadii ta'u.
- Amanamummaa;
 - Iftoomina;
 - Itti gaafatamummaa;
 - Hirmaachisummaa;
 - Itti gaafatamummaa Hawwaasummaa
 - Kan biraaf dhimmamuu.

Kutaa Lama

Waldaalee Hojii Gamtaa Hundeessuuf fi Galmeessuu

8. Haala Hundeeffama Waldaalee Hojii Gamtaa

Waldaaleen Hojii Gamtaa akka amala isaaniitti sadarkaa sadarkaan Waldaa Hojii Gamtaa bu'uuraa Yuuniyeenii fi Federeshiin hundaa'uu ni danda'u.

9. Hundeeffama Waldaa Hojii Gamtaa Bu'uuraa

- Waldaan Hojii Gamtaa bu'uura fedhii namoota dhuunfaa naannoo murtaa'e keessa jiraataniin yookiin hojjetaniin yookiin ogummaa addaa irratti bobba'aniin ni gurmaa'u.
- Waldaaleen Hojii Gamtaa Bu'uuraa baay'ina lakkoofsa miseensotaa shantamaa gadi hin taaneen ni gurmaa'u.
- Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Ejensichi amala hojii isaaniifi bu'a qabeessummaa diinagdee isaanii qorannoo irratti hundaa'e bu'uura godhachuudhaan ka'umsa lakkoofsa miseensotaa qajeelfamaan murteessuu ni danda'a; Haata'u malee, lakkoofsi ka'umsaa kudhanii gadi ta'uu hin danda'u.
- Naannoo Waldaan Hojii Gamtaa bu'uuraa tokko galmaa'ee hojjechaa jiru keessatti hojii walfakkaatu kan hojjetu Waldaa biroon gurmaa'uu hin danda'u.

- ፪) የኅብረት ሥራ ማህበራት አባላት የሥነ-ምግባር እሴቶች የሚከተሉት ይሆናሉ፡-
- ታማኝነት፤
 - ግልጽነት፤
 - ተጠያቂነት፤
 - አሳታፊነት፤
 - ማህበራዊ ኃላፊነት፤ እና
 - ሌሎች ማሰብ፡፡

ክፍል ሁለት

የኅብረት ሥራ ማህበራትን

መመሥረትና መመዝገብ

፳. ስለ ኅብረት ሥራ ማህበራት አመሰራረት የኅብረት ሥራ ማህበራት እንደየባህሪያቸው በየደረጃው በመሰረታዊ ኅብረት ሥራ ማህበር፣ በኅብረት ሥራ ማህበራት ዩኒንዮን እና በፌዴሬሽን ሊመሰረቱ ይችላሉ፡፡

፷. የመሠረታዊ ኅብረት ሥራ ማህበራት መመስረት

፩) መሰረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበራት ተመሳሳይ ፍላጎት ባላቸው እና በአንድ በተወሰነ አካባቢ በሚኖሩ ወይም በሚሰሩ ወይም በተለየ ሙያ በተሰማሩ ግለሰቦች ይደራጃሉ፡፡

፪) መሰረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበራት ቁጥራቸው ከሃምሳ በማያንስ ግለሰቦች ይደራጃሉ፡፡

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ኤጀንሲው እንደየ ባህሪያቸውና የአዋጭነት ጥናት ውጤት ላይ በመመስረት የአባላቱን ብዛት በመመረያ ሊወስን ይችላል፤ ይሁን እንጂ የመነሻ ቁጥሩ ከአስር ሊያንስ አይችልም፡፡

፬) አንድ የኅብረት ሥራ ማህበር ተመስርቶና ተመዝግቦ እየሰራ በሚገኝበት ክልል ውስጥ ሌላ ተመሳሳይ አላማ ያለው መሰረታዊ ኅብረት ሥራ ማህበር ሊደራጅ አይችልም፡፡

- 2) Ethical values of the members of cooperative societies shall be the following:
- Honesty;
 - Transparency;
 - Accountability;
 - Participatory;
 - Societal responsibility; and
 - Care for others.

Part Two

Establishment and Registration of Cooperative Societies

8. Establishment of Cooperative Societies

Cooperative societies may be established at different levels based on their natures as primary cooperative society, union and federation.

9. Establishment of primary Cooperative Societies

- Primary cooperative societies shall be established by individuals who live or work or engaged in specific profession within a given area;
- Primary cooperative societies shall be established by members not less than fifty individuals;
- Without prejudice to sub article(2) of this article, the agency may determine in the directive the minimum number of members of a cooperative society based on the nature of the work and economic feasibility to be identified by research; provided however, that the minimum number of members shall not be less than ten;
- In an area where certain primary cooperative society is registered and operating, any other primary cooperative society working similar activity shall not be established;

5) Ejensichi Waldaalee Hojii Gamtaa akka Naannichaatti jiran gurmeessee kan galmeessu ta'a; haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a

10. Hundeeffama Yuuniyeenii Waldaalee Hojii Gamtaa

- 1) Yuuniyeeniin Waldaalee Hojii Gamtaa Waldaalee Hojii Gamtaa bu'uura kaayyoo walfakkaatu qaban lamaaf isaa ol ta'aniin gurmaa'u.
- 2) Bu'a qabeessummaan hawaasummaaf diinagdee isaa ilaalamuun Yuuniyeenii Waldaalee Hojii Gamtaa hundeessuun ni danda'ama.
- 3) Yuuniyeeniin Waldaalee Hojii Gamtaa kan hundaa'u yoo xiqqaate Waldaalee Hojii Gamtaa bu'uura lama walitti bahaniin ta'uu qaba.

11. Hundeeffama Federeeshiinii Waldaa Hojii Gamtaa

- 1) Federeeshiiniin Waldaa Hojii Gamtaa Yuuniyeenota Waldaalee Hojii Gamtaa kaayyoo walfakkaatu qaban lamaafi isaa ol ta'aniin hundaa'a.
- 2) Keewwata kana Kewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akka eegametti ta'ee, Waldaaleen Hojii Gamtaa Bu'uura Federeeshinii waliin kaayyoo walfakkaataa qaban miseensa Federeeshinichaa ta'uu ni danda'u. Kunis ta'uu kan danda'u naannawa sanatti Yuuniyeeniin hojii walfakkaatu hojjatu kan hin jirre ta'uun isaa yoo mirkanaa'ee barbaachisummaan isaa qaama Ejensichaatiin qoratamee yoo mirkanaa'ee qofa ta'a.
- 3) Miseensi Federeeshinii Waldaalee Hojii Gamtaa yoo xiqqaate Yuuniyeenii Waldaalee Hojii Gamtaa lamaafi isaa ol walitti bahaniin ta'uutu isaan irra jira.
- 4) Federeeshiniin Waldaa Hojii Gamtaa kan hundaa'u bu'a qabeessummaan hawaasummaafi diinagdee isaa ilaalameti.

፭) ኢጀንሲው በክልሉ የሚደራጁ መስረታዊ ኅብረት ሥራ ማህበራትን አደራጅቶ የሚመዘግብ ሲሆን ዝርዝር አፈጻጸሙ በሚደነገገው ደንብ ይወሰናል።

፲. የኅብረት ሥራ ማህበራት ዩኒየን መመስረት

- ፩) የኅብረት ሥራ ማህበራት ዩኒየን ተመሳሳይ ዓላማ ባላቸው ሁለትና ከዚያ በላይ በሆኑ መሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበራት ይደራጃሉ።
- ፪) የኅብረት ሥራ ማህበራት ያላቸውን ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ውጤታማነት በማየት ዩኒየን ሊመሰረት ይቻላል።
- ፫) የኅብረት ሥራ ማህበራት ዩኒየን የሚመሰረተው ቢያንስ ከሁለት መሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበራት በተውጣጡ ማህበራት መሆን አለበት።

፲፩. የኅብረት ሥራ ማህበራት ፌዴሬሽን መመሥረት

- ፩) የኅብረት ሥራ ማህበራት ፌዴሬሽን ተመሳሳይ ዓላማ ባላቸው ሁለትና ከዚያ በላይ በሆኑ የኅብረት ሥራ ማህበራት ዩኒየኖች ይመሰረታል።
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ከፌዴሬሽን ጋር ተመሳሳይ ዓላማ ያላቸው መሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበራት የፌዴሬሽኑ አባላት ሊሆኑ ይችላሉ፤ ይህም ሊሆን የሚችለው ተመሳሳይ ዓላማና ተግባር ያለው የኅብረት ሥራ ዩኒየን በአካባቢው አለመኖሩ ሲረጋገጥና አስፈላጊነቱ በኢጀንሲው ተጠንቶ ከተረጋገጠ ብቻ ይሆናል።
- ፫) የኅብረት ሥራ ማህበራት ፌዴሬሽን አባል ቢያንስ ሁለትና ከዚያ በላይ ከሆኑ የኅብረት ሥራ ማህበራት ዩኒየኖች የተውጣጡ ሊሆኑ ይገባቸዋል።
- ፬) የኅብረት ሥራ ማህበራት ፌዴሬሽን የሚመሰረተው የማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ውጤታማነቱ ታይቶ ነው።

5) The Agency shall organize and register the cooperative societies found at regional level. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued.

10. Establishment of Cooperative Societies Union

- 1) The unions of cooperative societies shall be organized by two or more primary cooperative societies having similar objectives;
- 2) Cooperative societies union may be established by considering its socio economic feasibility;
- 3) The cooperative societies union shall be established by the merger of at least two primary cooperative societies.

11. Establishment of Cooperative Societies Federation

- 1) Cooperative Societies federation shall be established by two or more cooperative societies unions having similar objectives.
- 2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this article, primary cooperative societies having similar objective with the federation may be members of such federation; this shall be possible only where there is no any other union with similar objective and activities and when their importance is studied and approved by the Agency;
- 3) The members of a cooperative societies federation shall be drawn from at least two and more cooperative societies unions;
- 4) Cooperative societies federation shall be established by considering its socio-economic importance;

- 5) Federeeshiniin sadarkaa naan-nootti hundeeffame miseensa liigii sadarkaa biyyaalessaa ta'uu ni danda'a.

12. Akaakuuwwan Waldaalee Hojii Gamtaa

- 1) Waldaan Hojii Gamtaa hojii oomisha oomishuu yookiin tajaajila kennuu yookiin hojii oomisha oomishuu fi tajaajila kennuu hunda galeessa wal faana kan hojjetu ta'ee hundeeffamuu ni danda'a.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, waldaaleen hojii gamtaa hojiilee seeraan dhorkaman kan sonaaaleefi hamilee uummataa tuqan; nageenya naannoo miidhan irratti gurmaa'uun hin danda'amu.
- 3) Bu'uura Labsii kanaatiin Waldaan Hojii Gamtaa gurma'uu kamiyyuu akaakuu hojii hojjetu dambii ittiin bulmaataa isaa keessatti ibsachuu qaba. Ejensiin bu'a qabeesummaa dinagdee akkasumas, naannoo gurmaa'anitti qabeenyi jiraachuu qorannoon adda baasuun akaakuuwwan filannoo waldaaleen hojii gamtaa irratti gurmaa'an dhiyeessuun deeggarsa ogummaa ni kenna.

13. Haala Waldaaleen Hojii Gamtaa Misooma Industirii Irratti Hirmaachuu Danda'an

Waldaaleen hojii gamtaa gurma'insa biraa utuu isaan hin barbaachisin projektoota fayyadamummaa miseensa isaanii mirkanessan waliin qindaa'uun hojjachuu ni danda'u. Raawwiin isaa dambii baahuun kan murtaa'u ta'a.

14. Maqaa, Asxaa fi Teessoo Waldaa Hojii Gamtaa

- 1) Waldaan Hojii Gamtaa kamiyyuu maqaa ittiin waamamu ni qabaata. Haalli moggaasa maqaa kunis aadaa fi safuu uummataa fi seeraakan hin faallessine ta'uu qaba.

- ፭) በክልል ደረጃ የተመሠረተ ፌዴሬሽን የብሔራዊ ደረጃ የሊግ አባል ሊሆን ይችላል።

፲፪. የጥበረት ሥራ ማህበራት ዓይነቶች

- ፩) የጥበረት ሥራ ማህበር ምርት የማምረት ወይም አገልግሎት የመስጠት ወይም ምርት የማምረት እና አገልግሎት የመስጠት ሁለንተናዊ ሥራ አጣጥሮ የሚሠራ ሆኖ ሊመሠረት ይችላል።
- ፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ (፩) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የጥበረት ሥራ ማህበራት በሕግ በተከለከሉ፣ የህዝብን እሴቶች እና ሞራል በሚነኩ፣ የአካባቢን ደህንነት በሚጎዱ ተግባራት ላይ መደራጀት አይቻልም።
- ፫) በዚህ አዋጅ መሠረት የሚደራጅ ማንኛውም የጥበረት ሥራ ማህበር የሚሠራውን የሥራ ዓይነት መተዳደሪያ ደንቡ ውስጥ መግለፅ አለበት። ኤጀንሲው ኢኮኖሚያዊ ውጤታማነት እንዲሁም በተደራጁበት አካባቢ ሀብት መኖሩን በጥናት በመለየት የጥበረት ሥራ ማህበራት የሚደራጁበት የምርጫ ዓይነቶችን በማቅረብ መያዝ ድጋፍ ይሠጣል።

- ፲፫. የጥበረት ሥራ ማህበራት በኢንዱስትሪ ልማት ላይ ሊሳተፉ የሚችሉበት ሁኔታ የጥበረት ሥራ ማህበራት ሌላ አደረጃጀት ሳያስፈልጋቸው የአባላቶቻቸውን ተጠቃሚነት ከሚያረጋግጡ ፕሮጀክቶች ጋር በመቀናጀት ሊሰሩ ይችላሉ፤ አፈፃፀሙ በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

፲፬. የጥበረት ሥራ ማህበር ሥም፣ ዓርማ እና አድራሻ

- ፩) ማንኛውም የጥበረት ሥራ ማህበር የሚጠራበት ስም ይኖረዋል፤ ይህ የስም አሰያየም ሁኔታም የሕዝቡን ባህል፣ ሞራል እና ሕግን የማይቃረን መሆን አለበት።

- 5) Federation established at regional level may be a member of the national level league.

12. Types of Cooperative Societies

- 1) A cooperative societies may be established to engage in production or service rendering activity or to engage in all production and service rendering activities at the same time;
- 2) Without prejudice to the provision of subarticle1 of this article, cooperative societies shall not be organized on activities prohibited by law which are against the values and morality of the public and that affect the peace and security;
- 3) Any cooperative societies to be organized as per this proclamation shall express the type of work it is performing in its administrative regulation. The Agency having identified its economic effectiveness as well as the availability of resource at their organization area through research shall provide professional support by presenting the types of choices on which cooperative societies be organized.

13. Issues to How Cooperative Societies Participate on Industrial Developments

The cooperative societies may work in cooperation on projects ensuring the benefits of their members without the need to have another organization; its implementation shall be determined by the regulation to be issued.

14. Name, Emblem and Address of Cooperative Societies

- 1) Any cooperative society shall have its own name; and such name shall not be in contradiction with the culture and morality of the public and the law;

- 2) Dhuma maqaa Waldaa Hojii Gamtaa kamiyyuu irratti "Waldaa Hojii Gamtaa Itti Gaafatamummaan isaa murtaa'e" gaaleen jedhu barreeffamuu qaba.
- 3) Maqaa Waldaa Hojii Gamtaa biroon ittiin galmaa'e; mallattoo addaa isaa fi naannoo hojii isaa keessatti Waldaa Hojii Gamtaa kan biroon maqaa yookiin mallattoo addaa wal fakkaatuu fi dogongorsiisaa ta'e fayyadamuu hin danda'u
- 4) Waldaan Hojii Gamta kamiyyuu qaama dhimmi ilaaluun galmaa'u fi teessoof waajjira mataa isaa qabaachuu qaba.
- 5) Maqaan Waldaan Hojii Gamtaa kamiyyuu ifa ta'ee barreeffamee bakka hojiin waldichaa itti gaggeffamu kamittuu maxanfamuu fi beeksisoota waldichaa akkasuma xalayoota, sanadootaa fi dhimmoota biroo maqaa waldichaatiin mallattaa'ann irratti barreeffamuu yookiin chaappaan taasifamuu qaba.
- 6) Qaamni kamiyyuu Ejensii qabu irraa hayyama osoo hin argatin moggaasa "Waldaa Hojii Gamtaa" jedhu fayyadamuu hin danda'u.
- 7) Miseensi Waldaa Hojii Gamtaa bu'uura yookiin Yuuniyeenii yookiin Federeeshinii kamiyyuu hojii walfakkaatu hojjetu lama keessatti miseensa ta'uu hin danda'u.
- 8) Yuuniyeeniin tokko fayyadamummaa miseensa isaa mirkaneessuuf Yuuniyenii kaayyoo wal-fakkaatu qabu biroo keessatti miseensa ta'uu ni danda'a.

15. Waldaa Hojii Gamtaa Galmeesuu, Dhorkuu fi Diiguu

- 1) Waldaan Hojii Gamtaa kamiyyuu Ejensiin galmaa'uu qaba.
- 2) Waldaan hojii gamtaa kamiyyuu waldaa hojii gamtaa ta'ee galmaa'uuf, iyyannoo isaa ulaagaalee armaan gaditti ibsaman waliin wal qabsiisuun Ejensiitti dhiheeffachuu qaba.

- ፪) ከማንኛውም የኅብረት ሥራ ማህበር ስም መጨረሻ ላይ “ኃላፊነቱ የተወሰነ የኅብረት ሥራ ማህበር” የሚል ሐረግ መጻፍ አለበት፡፡
- ፫) አንድ የኅብረት ሥራ ማህበር የተመዘገበበት ስም፣ አርማ እና የሥራ ክልል ውስጥ ሌላ የኅብረት ሥራ ማህበር ተመሳሳይ ስም ወይም ተመሳሳይ እና አሳሳች የሆነ ልዩ ምልክት መጠቀም አይችልም፡፡
- ፬) ማንኛውም የኅብረት ሥራ ማህበር በሚመለከተው አካል መመዝገብ እና የራሱ አድራሻና ዕድራት ቤት ሊኖረው ይገባል፡፡
- ፭) የማንኛውም የኅብረት ሥራ ማህበር ስም ግልፅ ሆኖ ተፅፎ የኅብረት ሥራ ማህበሩ ሥራ በሚካሄድበት ማንኛውም ሥፍራ መለጠፍ እና በማህበሩ ማስታወቂያዎች፣ እንዲሁም ደብዳቤዎች፣ ሰነዶች እና ሌሎች በማህበሩ ስም በሚፈረሙ ዶክመንቶች ላይ መጻፍ ወይም ማህተም መደረግ አለበት፡፡
- ፮) ማንኛውም አካል ከኤጀንሲው ፈቃድ ሳያገኝ “የኅብረት ሥራ ማህበር” የሚለውን ስያሜ መጠቀም አይችልም፡፡
- ፯) ማንኛውም የመሠረታዊ ወይም የዩኒየን ወይም የፌዴሬሽን ኅብረት ሥራ ማህበር አባል ሁለት ተመሳሳይ ሥራ በሚሠራ ሁለት ማህበር ውስጥ አባል ሊሆን አይችልም፡፡
- ፰) አንድ የዩኒየን የአባላቱን ተጠቃሚነት ለማረጋገጥ ተመሳሳይ ዓላማ ካለው ሌላ የዩኒየን ውስጥ አባል ሊሆን ይችላል፡፡

፲፩. የኅብረት ሥራ ማህበርን መመዝገብ፣ ማጽናት እና ማፍረስ

- ፩) ማንኛውም የኅብረት ሥራ ማህበር በኤጀንሲው መመዝገብ አለበት፡፡
- ፪) ማንኛውም የኅብረት ሥራ ማህበር የኅብረት ሥራ ማህበር ሆኖ ለመመዝገብ ማመልከቻውን ከታች ከተገለፁት መሥፈርቶች ጋር በማያያዝ ለኤጀንሲው ማቅረብ አለበት፡፡

- 2) The phrase “Cooperative Societies with Limited Liability” shall be written at the end of the name of any cooperative societies;
- 3) No similar and misleading name or identification mark which is used by another cooperative societies within the same operation area of a registered name or distinguishing mark of a given cooperative societies;
- 4) Any cooperative society shall be registered by the concerned body and shall have its own address and office;
- 5) The name of any cooperative society shall be clearly written and posted at any working place of the cooperative societies and shall be written or sealed on the notices of the societies as well as on letters, documents and other matters signed in the name of the societies;
- 6) Nobody shall use the name “Cooperative Societies” without obtaining permission from the Agency;
- 7) Any member of the Primary or Union or Federation of cooperative societies shall not be member of two cooperative societies operating on similar activity;
- 8) A cooperative union may be member of another union having similar objective to ensure the benefits of its members.

15. Registration, Suspension and Liquidation of Cooperative Societies

- 1) Any cooperative societies shall be registered by the agency;
- 2) Any cooperative societies shall, in order to get registered as a cooperative societies submit its application for registration together with the following particulars to the Agency;

- | | | |
|--|---|--|
| <p>(a) Qaboo yaa'ii wal ga'ii hundees-sitootaa;</p> <p>(b) Dambii ittiin bulmaata waldichaa koppiiwwan sadii;</p> <p>(c) Barreffama hundeffamaa waldichaa;</p> <p>(d) Maqaa, teessoo fi mallattoo miseensoota waldichaa, baay'ina qooda bitatanii waliin;</p> <p>(e) Maqaa, teessoo, gahee hojii fi mallattoo miseensota koreewwan adda addaa;</p> <p>(f) Ibsa tarreeffama ragaalee namoonni miseensa waldichaa ta'anii galmaa'an ulaagaalee miseensummaa bu'uura tumaa'alee labsii kanaaf dambii ittiin bulmaata waldichaatiin murtaa'an kan guutan ta'uu isaanii mirkaneessu</p> <p>(g) Waldichi waldaa hojii gamtaa bu'uuraatii ol yoo ta'e, tarreeffama maqaa fi teessoo waldaalee hojii gamtaa miseensa ta'anii fi bakka bu'ootaa baay'ina qooda bitatani waliin; maqaa, teessoo fi mallattoo miseensota koree hoji raawwachiiftotaa;</p> <p>(h) Sanada karoora hojii waldichaa waggaa sadii hanga shanii ga'u;</p> <p>(i) Qorannoo dinagdee bu'aa qabessuummaa waldichaa agarsiisu;</p> <p>(j) Kaappitaala ka'umsaa waldichaa fi maallaqni walitti qabamee seeraan baankiitti galii ta'uu isaa yookiin bakka baankiin hin jirreett yoo ta'e, dhaabbata faayinaansii qaamni galmeessu yookiin Ejensiin murteessee kan kaa'ame ta'uu sanada mirkaneessu;</p> <p>(k) Ibsa bakka hojii fi teessoo waldichaa.</p> <p>3) Sanadoonni keewwata kana keewwata xiqqaa (2) (a-k) tti tarreeffaman Waldaa Hojii Gamtaa Bu'uuraatiif waraabbii sadiin (3), Yuuniyeenii hojii gamtaatiif waraabbii afuriin (4) fi Federeshinii hojii gamtaaf waraabbii lamaan (2) qophaa'ee dhihaachuu qaba.</p> | <p>(ሀ) የመሥራቾች ስብሰባ ቃለ ጉባዔ፤</p> <p>(ለ) የኅብረት ሥራ ማህበር የመተዳደሪያ ደንብ ሦስት ቅጂዎች፤</p> <p>(ሐ) የማህበሩ የመመሥረቻ ዕሑፍ፤</p> <p>(መ) የማህበሩ አባላት ስም፣ አድራሻ እና ፊርማ፤ ከገዙት ድርሻ ብዛት ጋር፤</p> <p>(ሠ) የተለያዩ ኮሚቴዎች ሥም፣ አድራሻ፣ የሥራ ድርሻ እና ፊርማ፤</p> <p>(ረ) የማህበሩ አባላት ሆነው የሚመዘገቡት ግለሰቦች በዚህ አዋጅ እና በኅብረት ሥራ ማህበሩ መተዳደሪያ ደንብ የተወሰኑትን የሚያሟሉ መሆናቸውን የሚያረጋግጥ ዝርዝር ማስረጃ መግለጫ፤</p> <p>(ሰ) ማህበሩ ከመሠረታዊ ኅብረት ሥራ ማህበር በላይ ከሆነ አባል የሆኑ የኅብረት ሥራ ማህበራት ስም ዝርዝር እና አድራሻ ተወካዮች ከገዙት ድርሻ ጋር፤ የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ አባላት ስም፣ አድራሻና ፊርማ፤</p> <p>(ሸ) ከሦስት እስከ አምስት ዓመት የሚሆን የማህበሩ ሥራ ዕቅድ ሰነድ፤</p> <p>(ቀ) የማህበሩን ውጤታማነት የሚገልፅ የኢኮኖሚ ጥናት፤</p> <p>(በ) የማህበሩን መነሻ ካፒታል እና የተሰበሰበ ገንዘብ ለባንክ ገቢ መሆኑን ወይም ባንክ በሌለበት አካባቢ ከሆነ መዝጋቢው አካል ወይም ኤጀንሲው በወሰነው የፋይናንስ ተቋም የተቀመጠ መሆኑን የሚያረጋግጥ ሰነድ፤</p> <p>(ተ) የማህበሩ የሥራ ቦታ እና አድራሻ መግለጫ፡፡</p> <p>፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ (፪) (ሀ-ተ) የተዘረዘሩት ሰነዶች ለመሠረታዊ የኅብረት ሥራ ማህበር በሦስት ቅጂ፣ ለኅብረት ሥራ ዩኒዩን በአራት ቅጂ እና ለኅብረት ሥራ ፌዴሬሽን በሁለት ቅጂ ተዘጋጅቶ መቅረብ አለበት፡፡</p> | <p>(a) Minutes of the founders Assembly;</p> <p>(b) The administrative regulation of the cooperative societies in three copies;</p> <p>(c) Memorandum of the association;</p> <p>(d) Name, address and signature of the members of the cooperative societies with the number of shares they have bought;</p> <p>(e) Name, address, duties and signature of members of different committees;</p> <p>(f) Description of list of evidences of the persons registered as members of the societies proving that they fulfill the criteria determined in accordance with the provisions of this proclamation and administrative regulation of the societies;</p> <p>(g) Where the cooperative society is above the primary cooperative societies the list of name and address of the members of cooperative societies and their representatives together with the number of share they have bought and the name, address and signature of members of executives committee;</p> <p>(h) Documents of work plan of the societies from three years up to five years;</p> <p>(i) The economic research revealing the effectiveness of the cooperative societies;</p> <p>(j) Initial capital of the association and a document ascertaining that the money collected as legally deposited in bank or where there is no bank, to the finance institution determined by the Agency;</p> <p>(k) Description of working place and address of the cooperative societies.</p> <p>3) The documents specified under sub article 2 (a-k) of this article shall be prepared and submitted in three copies for primary cooperative societies associations, in four copies for cooperative unions and in two copies for cooperative federations;</p> |
|--|---|--|

- | | | |
|--|---|---|
